

Bakka suuraan irraa fudhatam: James Mbiri/Save the Children

# Hubannoo Koorniyaa fi Dargaggootaa Hammachu fi Hojiirra oolchuuf:

## Qajeelfama Hojii Ragaa Irratti Hundaa’e

Gender and Youth Activity (GAYA) • Bitootessa 2023

USAID FROM THE AMERICAN PEOPLE

IDEAL



Bakka suuraan irraa fudhatam: Jonathan Hyams/Save the Children

# IBSA WALIIGALAA

Gender and Youth Activity (GAYA) kan Bureau for Humanitarian Assistance (BHA) USAID irraa maallaqaan deeggaramu, gufuulee fi hudhalee michoonni hojiirra oolchitootaa yeroo koorniyaa fi dargaggoota hojii isaanii keessaa hammataan isaan mudatan furuun qulqullinaa fi bu'aa hojiiwwan wabii nyaataa fi dandamachuu yeroo balaa fi yeroo nagaa fooyyessuuf hojjeta.

Bara 2022tti GAYAn beekumsa, ilaalchaa fi gocha michoota hojiirra oolchitootaa hojii isaanii keessatti koorniyaa fi dargaggoota hammachuu ilaalchisee qaban caalaatti hubbachuuf qorannoo adeemsaa gaggeesse. Qorannoon kun bar-gaaffii baay'ina hojiirra oolchitoota biyyoota 30 ol keessatti hojjetan irraa deebii 600 ol argatee kan hammateedha. Argannoowwan kana mirkaneessuuf, xiinxaluuf, walqabsiisuu fi caalaatti hubbachuuf GAYA sana booda qorannoo akkamtaatti dabalataa gaggeesse. Qorannoon adeemsaa kun GAYAn haalawwanii fi rakkoolee hojiirra oolchitoonni yeroo koorniyaa fi dargaggoota hojii isaanii keessatti haala hiika qabuun hammataan isaan mudatan irratti hubannoo fooyya'aa akka argatu gargaareera. GAYAn waggaa waggaan qorannoo walfakkaatu gaggeessuun deemsawwan ijoo adda baafaman caalaatti qorachuu fi jijjiirama yeroon dhufu ilaaluuf karoorfateera.

Waa'ee qorannoo adeemsaa GAYA, mala qorannoo fi argannoowwan dabalatee, odeeffannoo dabalataa asii baradhaa.

Qorannoo kana irratti hundaa'uun GAYA'n hammachu koorniyaa fi dargaggootaa bu'a qabeessa ta'e mirkaneessuuf michoota hojiirra oolchaniif yaadota ijoo armaan gadii adda baaseera:

Yaada 1ffaa : Hooggantoota olaanoo fi hoggantoota damee teeknikaa adda addaa akka leelliftoota Misooma Dargaggoota Gaarii (PYD) fi walqixxummaa koorniyaa hirmaachisuu.

Yaada 2ffaa: Gufuuwwan walqixxummaa Koorniyaa fi Misooma Dargaggoota Gaarii (PYD) adda baasuu fi furuuf malawwan Jijjiirama Amala Hawaasummaa (SBC) of keessatti hammachuu.

Yaada 3ffaa: Madaqfama sagantaaf haala mijeessuuf daataa akkamtaatti fi lakkoofsa addaan baafame sirnaan fayyadamuu.


Gabaasa gabaabaa kana keessatti, tokkoon tokkoon yaada kennameef, GAYA'n *hubannoowwan* karaa daataa qorannoo, tarkaanfiiwwan yaadota kana hammachuuf fudhataman, akkasumas madda odeeffannoo *hojii irra oolmaa* tarkaanfiilee kana deeggaruuf gargaaran kenna. Yoo yaada ykn yaada madda odeeffannoo dabalataa qabaattan, maaloo gaya@savechildren.org qunnamaa.

**YAADA 1FFAA.**
Hooggantoota olaanoo fi hoggantoota damee teeknikaa adda addaa akka leelliftoota PYD fi walqixxummaa koorniyaa hirmaachisuu.

## Hubannoowwan

Koorniyaa fi dargaggootaa hammachu irratti hanqinni deeggarsa ykn beekumsa hoggansa fi ogeeyyii damee teeknika[1]a sadarkaa dhaabbataatti jijjiirama fiduuf gufuu guddaadha. Dhimma kana irratti argannoowwan qorannoo ijoo GAYA'n argate kanneen dabalatu:

- **Hoogansi PYD fi walqixxummaa koorniyaaf dursa hin kennu.** Namoonni qorannichaaf deebii kennan irra deddeebiin akka eeraniitti, hoggansi olaanaa dizaayinii tarkaanfii fi sochii sagantaa keessatti hammachu koorniyaa fi dargaggootaaf dursa kan kennu yoo ta'e, dhimma kanaaf yeroo itti kennuun itti gaafatamummaa nama hundaa ta'a. Haa ta'u malee, namoota qorannoo kanarratti hirmaatan keessaa 58% qofattuu hoggansi dhaabbata isaanii keessatti yeroo hunda walqixxummaa koorniyaaf xiyyeeffannaa guddaa akka kennuu kan cimsanii waliigalan.




Namoota deebii kennan keessaa 58% hoggansi yeroo hunda walqixxummaa koorniyaaf xiyyeeffannaa guddaa akka kennuu cimsanii waliigalan

- **Ogeeyyiin damee teeknikaa irra caalaan isaanii PYD fi koorniyaa idileessuuf itti gaafatamummaa itti hin dhaga'amu.** Ogeeyyiin koorniyaa fi dargaggootaa akka ibsanitti ogeeyyiin damee teeknikaa yeroo baayyee hammachuu koorniyaa fi dargaggootaa itti gaafatamummaa ogeessa koorniyaa fi dargaggootaa qofa akka ta'e fudhatu. Haata'u malee ga'een ogeessota koorniyaa fi dargaggoota, tarkaanfiilee garaagaraa keessatti hammachuu kutaalee kana qajeelchuudha. Yaadonni dogoggoraa kun sagantaa ykn sochii tokko keessatti koorniyaa fi dargaggoonni haala hiika qabun akka hin makamne dhorku.
- **Ogeeyyiin damee teeknikaa [yaad-rimeewwan ijoo walqixxummaa/madaalawummaa koorniyaa fi PYD] ilaalchisee qaawwa beekumsaa qabu.** Hoggantoonni teeknikaa koorniyaa fi dargaggootaa 85% ol gareewwan sagantaa isaanii yaad-rimeewwan koorniyaa ijoo ta'an ifatti akka hubatan yoo gabaasan iyyuu, qaawwi guddaan ammallee hafeera. Kunis hanqina beekumsa naannoo dameelee hammatamuu hawaasummaa, wal-keessa-kutaalee, fi walitti fufiinsa madaalawummaa/hammachuu koorniyaa irratti beekumsa dhabuu kan dabalatudha. Kana malees, 60% gadi ta'an gareewwan sagantaa isaanii PYD ifatti akka hubatan dubbataniiru.
- **Dhiironni gareewwan sagantaa keessa jiran, hanqina walqixxummaa koorniyaa furuu irratti guddina argame irratti, ilaalchi qaban dubartootaan wal bira qabamee yoo ilaalamu, ilaalcha gaarii qaban.** Argannoon kun akka agarsiisutti dhiironni sadarkaa koorniyaa adda ta'e qaban, walqixxummaa koorniyaa cimsuu irratti guddinni qabatamaan jiru caalaa akka argame itti dhaga'ama. Kanaafuu miseensonni garee dhiiraa dhugaa walqixxummaa koorniyaa akka hubatan kakaasuun barbaachisaa dha.

## Hammachuu fi Hojiirra Oolchuu

**Barbaachisummaa koorniyaa fi dargaggoota hojjettoota hundaaf ol kaasuu**

- Hoggantoonni damee teeknikaa bu'aalee damee isaanii galmaan ga'uuf barbaachisummaa hammachu koorniyaa fi dargaggootaa akka hubatan gargaaruu. Sanadoonni armaan gadii Misooma Dargaggoota Gaarii (PYD) fi mala madaalawummaa koorniyaa sagantaaleen bu'aalee wabii nyaataa galmaan ga'uuf gargaaruu akka danda'an ragaa ni kennu: Kan YouthPower Action *[Recommendations for Youth Programming in Food for Peace Development Food Security Activities (DFSA)]* (afaan Ingiliffaatiin argama) fi CARE International *[Food Security and Gender Equality: A synergistic understudied symphony]* (afaan Ingiliffaatiin argama).
- Tokkoon tokkoon kutaa teeknikaa koorniyaa fi dargaggootaan alatti argaman hundaaf tooftaalee hammachu koorniyaa fi dargaggootaa dameef adda ta'an dhiyeessuu. GAYAn fakkeenyota tooftaalee walitti makamuu koorniyaa/dargaggootaa kutaalee teeknikaa kanneen akka wabii nyaataa, WASH (bishaan, qulqullinaa fi qulqullina naannoo), qonnaa fi kkf mul'isuuf

1 Gabaasa kanaa keessatti, GAYA'n yeroo «oggeessota damee teeknikaa» jedhu, oggeessota damee teeknikaa kan koorniyaa ykn dargaggoota irratti hin xiyyeeffanne jechuudha. Ogeessota teeknikaa koorniyaa fi dargaggoota yeroo caqasu, ifatti «ogeessota koorniyaa fi dargaggoota/hoggantoota» jedhamee ibsameera.

kan akeekeedha. Barruulee oduu gara fuula duraatti akka hammatamaniif fakkeenyota keessan gara [gaya@savechildren.org](mailto:gaya@savechildren.org) ergaa. .

- Ajandaa fi gabaasa walgahii keessatti kutaalee kana gara jalqabaatti kaa'uudhaan fi odeeffannoo haaraa cimaa ta'eef bakka ramaduudhaan dhimmoota koorniyaa fi dargaggootaf dursa kennuu fi calaqqisiisuu. Barreeffamni USAID Learning Lab armaan gadii karoora raawwii hojii fi gabaasa hojii keessatti hammachu koorniyaa akkamitti akka mirkaneessuu danda'amu qajeelfama kenna (afaan Ingiliffaatiin argama).
- Hoggansa olaanoo sagantichaa keessatti gitoota hojii koorniyaa fi dargaggoota irratti xiyyeeffatan hammachuudhaan yaadni isaanii namoota aangoo qaban irraa akka dhagahamu gochuu. Yoo kun hin danda'amne hoggantoonni koorniyaa fi dargaggootaa dhimmoota koorniyaa/dargaggoota irratti xiyyeeffatan gara marii garee hoggansa olaanootti guddisuu danda'an caasaa ijaaruu.


Bakka suuraan irraa fudhatam: Harrison Thane/Save the Children

**Hammachu koorniyaa fi dargaggootaa irratti dandeettii hojjettootaa cimsuuf yeroo fi qabeenya ramaduu.**

- Hojiiwwan addaa koorniyaa fi dargaggoota idileessuu ijoo ta'anii fi dandeettiiwwan ijoo ibsa gita hojii miseensota garee hunda keessatti hammachuu, kanas akka qaama adeemsa qacarrii fi madaallii raawwii hojiitti fayyadamuu. Waa'ee dandeettiiwwan ijoo Hojjettoota Koorniyaa caalaatti baruuf, Technical and Operational Performance Support (TOPS) Program Core Competency Series Booklet (afaan Ingiliffaa, Faransaayii, Ispeeniin argama) ykn qophii GAYA- Shaampiyoonaa koorniyaa fi dargaggootaa ta'uuf maaltu barbaachisa? ilaali (afaan Ingiliffaatiin argama).
- Ilaalchaa fi gocha miseensota garee hammachuu koorniyaa fi dargaggootaa irratti dhiibbaa uumuuf mala SBC fayyadamuu. Akkaataa malawwan SBC hojiirra oolchuu dandeessan ilaalchisee odeeffannoo dabalataa armaan gadii argachuu dandeessu.
- Dubartoonni fi miseensonni hawaasa saala fi koorniyaa xiqqaa ta'an yeroo leenjii keessoo wal-caalmaa koorniyaa ilaalchisee muuxannoo isaanii akka qooddatan carraan nageenya qabu akka jiraatu gochuu, itti aansuunis yeroon gahaan miiltoowwan hojii irraa yaada dabalataa itti maddisiisan akka jiraatu gochuu. Namoonni leenjii keessoo keessatti nageenyi akka itti dhaga'amu gargaaruuf qabeenyi hedduun jiru, fakkeenyi tokko We Rise irraa kunooti: *Creating Safe Spaces* (afaan Ingiliffaatiin argama).
- Leenjii michoota gidduu ykn garee hojii koorniyaa fi dargaggoota irratti hundeessuuf michoota hojiirra oolchitootaa hunda gidduutti tumsuun hojjechuu. Fakkeenya kanaaf, qorannoo haalaa kana ilaali: ME&A *USAID El Salvador IP's Mainstream Gender through Collaborating, Learning, and Adapting* (afaan Ingiliffaatiin argama).

**YAADA 2FFAA.**
Carraaqqii walqixxummaa koorniyaa fi PYD keessatti gufuuwwan jiru adda baasuufi furuuf malawwan SBC fayyadamuu.

## Hubannoowwan

Malawwan SBC fayyadamuun gareeleen gufuuwwan walqixxummaa koorniyaa adda baasanii akka beekan, akkasumas gufuuwwan kana furuuf tarkaanfiilee haala barbaadamuun qophaa'an akka dizaayinii godhan taasisa. Argannoowwan qorannoo ijoo GAYA'n dhimma kana irratti argate kanneen dabalatu:

- **Sagantaaleen amala miidhaa geessisu jijjiiruuf kan kaayyeffatan yeroo baay'ee gufuuwwan biroo jijjiirama amala danqan furuu mannaa, amantaa ykn ilaalcha koorniyaa madaalawummaa hin qabne jijjiiruu irratti xiyyeeffatu.** Deebii kennitoonni qorannoo jijjiiramaaf amala dursa kennaniif adda baasuu, hojiiwwan dizaayinii, fi milkaa'ina madaaluudhaaf malaawwan SBC fayyadamuun barbaachisaa ta'uu ibsaniiru. Amala rakkina qabuun kan baay'ee miidhame eenyu akka ta'e

ilaaluudhaan, malawwan SBC gareewwan amali akkasii maaliif akka raawwatamu (jechuunis, wantoota amalaaf sababa ta'an) adda baasanii akka beekan, akkasumas gosa tarkaanfii sirrii ta'e wantoota daangessan waliin akka wal simsan gargaaru. Keessattuu, gaafatamoonni wantoota amalaaf sababa ta'an gosoota gurguddoo lama keessatti sirritti adda baasuun barbaachisaa ta'uu ibsaniiru:

- **Amaloota Madaalawummaa Koorniyaa:** Qorannoo GAYA'tti, namoota gaafataman keessaa 91% ilaalcha hawaasni naannichaa dubartoonni sagantaalee irratti akka hin hirmaanne gufuu ta'uu himan. Kana malees, ogeeyyiin yaalaa hatattamaa ilaalchi hawaasaa hojjettoota RFSA keessa jiran waliin wal bira qabamee yoo ilaalamu gufuu guddaa ta'uu gabaasan.




- **Amaloota Misooma Dargaggoota Gaarii (PYD):** Qorannoon GAYA akkasumas ilaalchi dandeettii dargaggoonni murtee kennuu fi guddina hawaasaa keessatti gumaacha gochuuf qaban irratti jiru keessumaa gadhee ta'uu agarsiiseera. Keessattuu, dargaggoota, yeroo baay'ee sobaan akka jeequmsaa fi nagaa fi tasgabbii hawaasa isaanii balaadhaaf saaxilanitti ilaalaman, irratti ilaalchi sirrii hin taane fi ilaalchi gadheen ni jira.

## Hammachu fi Hojiirra oolchuu

**Amala fi Murteessitoota Amala Adda baasuu**

- Yeroo marsaa karoora sagantichaa, walqixxummaa koorniyaa yookiin amaloota PYD sagantaan jijjiiruu yookiin cimsuu barbaadu, akkasumas murteessitoota amala guutuu amaloota kana fudhachuu dandeessisan ykn dhorkan adda baasuuf qorannoo jalqabaa yookiin sadarkaa lammaffaa gaggeessuu. Bara 2014tti TOPS tuuta Bar-gaaffii Xiinxala Gufuu 30 (afaan Ingiliffaa, Faransaayiifi Ispaanishiin argama fi qajeelfama akkaataa bar-gaaffiille kana itti madaqsan (afaan Ingiliffaa, Faransaayii, Ispaanishii fi Arabaatiin argama) qopheessee jira.

**Gufuulee Jiran Furuuf Hojiiwwan SBC Dizaayinii Gochuu**

- Haala sagantichaa keessatti hojiiwwan addatti wantoota jijjiiramaa walqixxummaa koorniyaa daangessan ykn amala PYD irratti xiyyeeffatan, keessumaa dhiirota mirga addaa qabaniifi kanneen biroo gochaalee miidhaa geessisan hir'isuu danda'an hirmaachisu ifatti fudhachuu fi karoorfachuu. Bara 2016tti, sagantaan TOPS kaarikulamii guyyoota jahaa fi caasaa mata duree *Designing for Behavior Change in Agriculture, Natural Resource Management, and Gender* (afaan Ingiliffaa fi Faransaayiin argama) jedhu maxxanseera. Bara 2017 kan maxxanfame, TOPS *REALIZE: Social and Behavioral Change for Gender Equity and Diversity* (afaan Ingiliffaatiin argama) hojiirra oolchitoonni bu'aa madaalawummaa koorniyaa argamsiisuuf tarkaanfiilee jijjiirama amala hawaasummaa akka qopheessan gargaara.

**Dhiibbaa Safaruu**

- Sagantichi kaayyoosaa galmaan gahaa jiraachuusaa hubachuuf, yeroo madaalawaa kaa'uudhaan haala mijeessuu danda'u ijaaruun jijjiirama amala safaruu, keessattuu bu'aan tarkaanfiilee idilee yeroo hunda battalumatti dhugoomu ykn mul'achuu dhiisuu waan danda'uuf. Damee kana irratti qabeenyi agarsiiftuu qopheessuuf gargaaran hedduun ni argamu. Qajeelfamni *Guide to Formulating Gendered Social Norms Indicators in the Context of Food Security and Nutrition* (afaan Ingiliffaatiin argama) FAO, IFAD, fi WFP[2] irraa argame kun hojiirra oolchitoonni agarsiistota bocuun jijjiirama safuu aadaa koorniyaa haala wabii nyaataa fi soorataa keessatti madaaluuf gargaara. *Measuring Social and Behavior Change in Nutrition Programs* (afaan Ingiliffaatiin argama) kan Advancing Nutrition'n qopheesse agarsiistota SBC fakkeenya ta'an dabalataa of keessatti qabata. Dhumarrattis gabaasnil *Tipping Point MEL Methods Brief* CARE International (afaan Ingiliffaa, Faransaayiifi Ispaanishiin argama) meeshaalee safartuu akkamtaatti mirkaneeffaman, caasaa xiinxala waliin, tarkaanfiiwwan safuu aadaa miidhaa geessisan jijjiiruu fi dhiisuu isaanii caalaatti hubachuuf kan gargaaruudha.


2 Food and Agriculture Organization of the United Nations (FAO), the International Fund for Agricultural Development (IFAD) fi the World Food Programme (WFP)

**YAADA 3FFAA.**
Madaqfama sagantaaf haala mijeessuuf daataa akkamtaatti fi lakkoofsa addaan baafame sirnaan fayyadamuu.

## Hubannoowwan

Ragaan dabalaa jiru akka agarsiisutti barumsi fi madaqfamuun ragaa irratti hundaa'e milkaa'ina jaarmiyaafi milkaa'ina sagantaa lamaanuu ni fooyyessa. Gosoota daataa adda addaa walitti qabuu fi xiinxaluun, fi yaada dabalataa maddisiisuun barumsaa fi madaqsuuf haala mijeessuu danda'a. Qorannoon GAYA michoonni hojiirra oolchan daataa koorniyaa fi dargaggootaa gara barnootaa fi madaqsuutti akka hin jijjiirre gufuulee gurguddoo lama adda baaseera:

**1. Michoonni hojiirra oolchan koorniyaa fi umurii garaagaraa irratti daataa walitti qabu, garuu daataa isaanii guutummaatti hojii sagantaatiif fayyadaman jechuu miti.**




- Namoota gaafataman keessaa 70% sagantaa karoora baasuu keessatti xiinxala koorniyaa yeroo hundaa akka raawwatan kan himan yoo ta'u, namoota gaafataman keessaa 76% immoo daataan koorniyaa hojii isaanii keessatti faayidaa akka qabu kan dubbatan yoo ta'u, namoota gaafataman keessaa 27% qofatu xiinxala koorniyaa isaaniitti yeroo hundaa fayyadamu.
- Dabalataanis, namoota gaafataman keessaa 30% sagantaa qopheessuufi hojiirra oolchuun haala dargaggootaa naannoo keessatti jiru irratti kan hundaa'e akka hin taane kan himan yoo ta'u, namoota gaafataman keessaa 18% ammoo daataan walqixxummaa koorniyaa tilmaama keessa akka hin galle ibsaniiru.
- Michoonni hojiirra oolchan yeroo daataa addaan baafame walitti qaban illee, GAYA sirreeffamni sagantaa, keessumaa gareewwan hin hammatamneef xiinxala daataa kanaa irratti kan hundaa'e akka hin taane hubateera.

**2. Michoonni hojiirra oolchan daataa lakkoofsa kan sassaaban ta'us, agarsiistoota qorannoo akkamtaatti fi muuxannoo barbaachisaa ta'e kan hinqabne yoo ta'an, dhimmoota haala qabatamaa irratti hubannoo argachuuf gargaaran hin qaban.**

- Michoonni hojiirra oolchan jijjiiramni madaalawummaa koorniyaa fi PYD agarsiistota lakkoofsatiin madaaluun rakkisaa ta'uu, agarsiistonni lakkoofsa bu'aa pirojektii guutummaatti akka hin calaqqifne ibsaniiru. Haata'u malee, bu'aa koorniyaa fi dargaggoota madaaluu fi hordofuuf agarsiistoota akkamtaatti akka hin qabnes gabaasan.

## Hammachuu fi Hojiirra oolchuu

**Karoora hojii keessatti xiinxala koorniyaa fi dargaggootaa hammachuu**

- Xiinxala koorniyaa fi/ykn dargaggootaa gaggeessuu fi argannoo xiinxala irratti hundaa'uun karoora hojii koorniyaa fi/ykn dargaggootaa qopheessuu. Xiinxala fi karoora hojii koorniyaa/dargaggoota walqabatee jiru daataa MEL irratti hundaa'uun yeroo yeroon haaromsuu. Karoorri hojii koorniyaa fi/ykn dargaggootaa karoora hojii ijoo sagantichaa keessatti akka hammatamu mirkaneessuu. Barreeffamni USAID Learning Lab kun akkaataa karoora hojii madaallii boodaa (afaan Ingiliffaatiin argama) itti qopheessan ibsa.
- Akkaataa daataa walitti qabuun dura itti fayyadamuu danda'an, akkasumas daataa dabalataa daataa jiru guutummaatti hubachuuf barbaachisu hubachuuf gamaaggama itti fayyadama daataa gaggeessuu.

**Daataa irratti yaada dabalataa maddisiisuudhaan bulchiinsa madaqsuu gaggeessuu**

- Dhiibbaa hammachu koorniyaa fi dargaggootaa madaaluuf agarsiistota ifa ta'an qopheessuu. Agarsiistota istaandaardii jiran irraa jalqabi (*BHA's Emergency Application Indicator Handbook*, BHA Indicators List for RFSAs, ykn agarsiistota istaandaardii dargaggoota ykn koorniyaa fooyya'an) fi dhiibbaa hammachu koorniyaa fi dargaggootaa gadi fageenyaan qorachuuf agarsiistota akkamtaatti aadaa qopheessuu. Malawwan daataa akkamtaatti walitti qabuu qualKit koorniyaaf (afaan Ingiliffaa fi Faransaayiin argama) gamaaggamuu malees, qajeelfama waliigalaa agarsiistota akkamtaatti qopheessuu TolaData (afaan Ingiliffaatiin argama) gamaaggamuu.
- Daataa koorniyaa, umurii fi wantoota barbaachisoo birootiin addaan baasuu (fkn, qaama miidhamummaa, sanyii, fedhii filanno saalqunnamtii, bakka, gosa, fi amantii). Garaagarummaa gareewwan qoqqoodaman gidduu jiru xiinxaluun, gareewwan hammam akka hammatamuu fi bu'aa sagantichaa barbaadamu haqaan argachaa akka jiran hubachuu. Qajeelfamni USAID Learning Lab kun akkaataa agarsiistota hordoffii addaan baasan irratti qajeelfamaa fi muuxannoowwan gaggaarii ni kenna (afaan Ingiliffaatiin argama).
- Walgahii kurmaana kurmaanaan gaggeessuun garee guutuu waliin mari'achuun daataa qoqqoodaman irratti yaada dabalataa maddisiisuudhaan karoora hojii qopheessuu. Miseensonni garee gitoota hojii hundatti argaman yaadota dabalataa koorniyaa fi dargaggoota waliin walqabatan kurmaana darbe keessatti maddisiisan akka adda baasan jajjabeessuu. Adeemsa kana gargaaruuf qajeelfama Mobile Solutions, Technical Assistance, and Research (mSTAR) fayyadami: *Bridging Real-Time Data and Adaptive Management: Ten Lessons* (afaan Ingiliffaatiin argama).



Bakka suuraan irraa fudhatame: Jordi Matas / Save the Children


Bakka suuraan irraa fudhatam: Kristiana Marton / Save the Children

# ODEEFFANNOO DABALATAA

**GAYAA jechuun maali?** Gender and Youth Activity (GAYA) Associate Award gufuulee fi hudhalee michoonni hojiirra oolchitootaa yeroo koorniyaa fi dargaggoota hojii isaanii keessaa hammataan isaan muudatan furuun qulqullinaa fi bu'aa hojiiwwan wabii nyaataa fi dandamachuu yeroo balaa fi yeroo nagaa fooyyessuuf hojjata. Fedhii addaa fi wal-keessa-kutaalee dubartootaa fi dargaggoota jireenya isaanii guutuu hubachuu fi guutuu fi hundee walqixxummaa dhabuu furuun wabii nyaataa fi soorataa irratti dhiibbaa bal'aa fi madaalawaa ta'e uumuuf murteessaadha. GAYAn michoota sagantaalee yeroo balaa fi dafanii dandamachuu, balaa hir'isuu fi dandamachuu hojiirra oolchan ni deeggara. GAYA kan badhaafamu karaa Implementer-Led Design, Evidence, Analysis and Learning (IDEAL) hojii badhaasa michootaa irratti adda duree ta'en, akkasumas USAID/BHAn maallaqaan gargaaramuu fi kan Save the Children fi Mercy Corps tiin kan hojiirra ooludha.

**GAYA maaliif qorannoo adeemsaa gaggeesse?** GAYA, Sayara International waliin ta'uun, akkaataa michoonni hojiirra oolchan fedhii gareewwan koorniyaa adda addaa fi dargaggoota sagantaa isaanii keessatti hammatan caalaatti hubachuuf qorannoo adeemsaa gaggeesse. Qorannoo kanaaf xiyyeeffannoon guddaan hojiirra oolchitoota BHA'n maallaqaan gargaaraman fi sagantaalee yeroo hatattamaa ykn Hojiiwwan Wabii Nyaataa Dandamachuu (RFSAs) irratti hojjetan ture. Deebii kennitoonni 600 ol qorannoo GAYA kan xumuran yoo ta'u – deebii kennitoonni cimina isaanii fi naannoowwan fooyya'iinsa barbaadan kan beekumsa, ilaalchaa fi gochaalee hammachu koorniyaa fi dargaggootaa wajjin walqabatan ofumaan akka adda baasan gaafateera.

Daataa kanas ta'e madda gorsa tarkaanfii mirkaneessuuf, GAYA'n sana booda bakka bu'oota dhaabbilee michuu hojiirra oolchan addunyaa maraa waliin Workshopii Mirkaneessuu fi Marii (VDWs) fi Af-gaaffii Odeeffattoota Ijoo (KIIs) gaggeesse. Adoolessa bara 2022tti, GAYA'n michoonni hojiirra oolchitootaa 80 ol ta'an argannoowwan qorannoo, VDW fi KII irraa argaman karaa weebinaar hirmaachisaa ta'een, bakka isaan deebii argannoo qorannichaaf kennan, yaada adeemsa hojii GAYA irratti kenname dabalatee qoodaniiru. Sana booda GAYAn karoora tarkaanfiiwwan Waggaa 2ffaa argannoo qorannoo, workishooppii, af-gaaffii, fi qophii bu'aa qooduu irratti hundaa'uun sirreesse. GAYAn waggaa waggaan qorannoo walfakkaatu gaggeessuun deemsawwan ijoo adda baafaman caalaatti qorachuu fi jijjiirama yeroon dhufu ilaaluuf karoorfateera.

**Caqasa Gorfame:**

GAYA. (2023). *Gender and Youth Insights for Integration & Implementation*. Washington, DC: Gender and Youth Activity Associate Award.

## Jechoota/yaad-rimeewwan ijoo

- **Koorniyaa:** gahee, amala, sochii, ejjennoo fi amala hawaasni murtaa'e tokko ijaaruu danda'u. Koorniyaan *yaad-rimee hawaasaan ijaaramee* hawaasa irraa gara hawaasaatti garaagarummaa kan qabuu fi yeroon jijjiiramuu kan danda'uudha. Akkuma USAID'n ibseetti, **eenyummaan koorniyaa** miira dhuunfaa koorniyaa ofii — kan safuu aadaa koorniyaa dhalootaan ramadame waliin walsimuu danda'us ta'e wal hin simne." **Ibsi koorniyaa** «ibsa eenyummaa koorniyaa nama tokkooti; namni tokko akkaataa koorniyaa hawaasni irraa eegu waliin walqabatee itti socho'u, mul'atu ykn of dhiyeessudha. Ibsi koorniyaa nama tokkoo eenyummaa koorniyaa nama sanaa wajjin kan walsimu ta'uu dhiisuu danda'a.»[3]


:Bakka suuraan irraa fudhatam Jonathan Hyams/Save the Children

- **Walqixxummaa koorniyaa:** hiika USAID irraa kan fudhatame yoo ta'u walqixxummaan koorniyaa haala namoonni koorniyaa hunda qaban "carraa walqixxummaa guddina dinagdee, hawaasaa, aadaafi siyaasaarraa fayyadamuu fi gumaacha gochuuf; qabeenyaafi badhaasa hawaasa biratti gatii guddaa qabu argachuu; akkasumas mirga namoomaa isaanii mirkaneeffachuuf qabuudha.[4]
- **Madaalawummaa koorniyaa:** hiika USAID irraa kan fudhatame yoo ta'u, madaalawummaan koorniyaa namoota, koorniyaa ykn eenyummaa koorniyaa osoo hin ilaalin, akkaataa fedhii isaaniitiin haala haqa qabeessa ta'een ilaaluu dha. «Kun ilaalcha walqixaa ykn ilaalcha garaagara ta'e garuu mirga, faayidaa, dirqamaa fi carraa walqixxummaa qabu ta'ee, ilaalamu (fkn, seera duratti walqixa ilaalamuu, deeggarsa hawaasummaa walqixa, barnoota, hojii gatii walqixa qabuuf kaffaltii walqixaa) dabalachuu danda'a.» Madaalawummaan koorniyaa yeroo baayyee miidhaalee seenaa fi hawaasummaa gareewwan cunqurfamoo ta'an kiisuuf tarkaanfiiwwan caasaa keessatti ijaaraman barbaada.[5]
- **Koorniyaa hammachu/koorniyaa idileessuu:** akkuma USAIDn ibsutti, «yeroo tarsiimoon USAID qophaa'u, yeroo pirojektii fi sochiin keenya hundi qophaa'u, fi hordoffii fi madaallii pirojektootaa fi hojiiwwan keenya hunda irratti adeemsa walqixxummaa dhabuu koorniyaa irratti hundaa'e adda baasuu fi furuu."[6]
- **Adeemsa itti fufiinsa hammachu/madaalawummaa koorniyaa:** akkuma Interagency Gender Working Group'n ibsametti, adeemsi itti fufiinsa hammachu/madaalawummaa koorniyaan "meeshaa qindeessitoonnii fi hojiirra oolchitoonni akkaataa koorniyaa sagantaa/imaammata isaanii keessatti hammachu danda'an karoorfachuuf itti fayyadamanidha."[7]
- **Garee koorniyaa xiqqaa:** hiika USAID irraa kan fudhatame yoo ta'u, gareen koorniyaa xiqqaan namoota dhuunfaa eenyummaan koorniyaa isaanii ykn ibsi koorniyaa (armaan olitti ilaali) isaanii saala isaanii yeroo dhalatan ramadamef irraa adda ta'e of keessatti qabata.[8]
- **Miidhaa Koorniyaa irratti hundaa'e:** akkuma USAIDn ibsutti, miidhaa koorniyaa irratti hundaa'e "saala qabatamaa ykn tilmaamame, koorniyaa, eenyummaa ykn ibsa koorniyaa, amala saalaa, fedhii saalaa, fi/ykn dhiirummaa fi dubarummaa irratti safuu aadaa hawaasa keessatti hundaa'an adda addaa hordofuu dhabuun doorsisa ykn gocha miidhaa geessisu kamiyyuu kan nama dhuunfaa ykn garee irratti xiyyeeffate. Namoonni dhuunfaa eenyummaa koorniyaa hunda qaban miidhaan koorniyaa irratti hundaa'e isaan mudachuu kan danda'u ta'us, dubartoonni, shamarran fi namoonni koorniyaa isaani adda hin baasne hawaasa keessatti sadarkaa walqixxummaa dhabuu isaaniitiin haala hunda keessatti miidhaan koorniyaa irratti hundaa'e isaan mudachuuf carraan guddaadha."[9]

---

3 *USAID LGBT Vision for Action:* https://www.usaid.gov/sites/default/files/2022-12/LGBT_Vision.pdf irraa argachuu dandeessu

4 *USAID Asia Regional Factsheet* irraa kan fudhatame: https://www.usaid.gov/asia-regional/fact-sheets/gender-equality-and-female-empowerment#:~:text=Gender%20equality%20is%20defined%20in,realize%20their%20human%20rights.%E2%80%9D%20The irraa argachuu dandeessu

5 *USAID Gender Terminology* irraa kan fudhatame: https://pdf.usaid.gov/pdf_docs/Pnadl089.pdf irraa argachuu dandeessu

6 *United States Strategy to Prevent and Respond to GBV:* https://www.state.gov/wp-content/uploads/2022/12/GBV-Global-Strategy-Report_v6-Accessible-1292022.pdf irraa argachuu dandeessu

7 *Gender Integration Continuu*m kan Interagency Gender Working Group: https://www.igwg.org/wp-content/uploads/2017/05/FG_GendrIntegrContinuum.pdf irraa argachuu dandeessu

8 *CDC Gender Terminology* irraa kan fudhatame: https://www.cdc.gov/healthyyouth/terminology/sexual-and-gender-identity-terms.htm irraa argachuu dandeessu

9 *United States Strategy to Prevent and Respond to GBV:* https://www.state.gov/wp-content/uploads/2022/12/GBV-Global-Strategy-Report_v6-Accessible-1292022.pdf irraa argachuu dandeessu

- **Wal-keessa-kutaalee:** akkuma USAIDn ibsutti, wal-keessa-kutaalee “wal-irra bu’iinsa eenyummaa hawaasummaa cunqursaa fi loogii addaa namni dhuunfaa tokko mudatuuf gumaachu agarsiisa.”[10]

- **Misooma Dargaggoota Gaarii (PYD):** hiika USAID irraa kan fudhatame yoo ta’u, PYD malla misooma dargaggootaa ragaa irratti hundaa’ee fi dargaggoota waliin hojjechuuf ilaalcha qabeenya giddugaleessa godhate kan jajjabeessu dha.[11] Malli kun kallattiiwwan gurguddoo afur irratti xiyyeeffata:
  - **Qabeenya:** dargaggoonni bu’aa barbaadamu galmaan ga’uuf qabeenya, dandeettii fi gahumsa barbaachisu qabu.[12]
  - **Kaka’umsa:** dargaggoonni qabeenyaafi hawwii isaaniitti fayyadamuun waa’ee jireenya isaanii murtoo mataa isaanii murteessuu ykn murtoo mataa isaanii irratti dhiibbaa uumuu fi murtoo sana irratti hundaa’uun bu’aa barbaadamu galmaan ga’uuf hojjechuuf ni amanu, dandeettiis ni qabu.[13]
  - **Gumaacha:** dargaggoonni guddina gaarii ofii fi hawaasa isaaniif akka madda jijjiiramaatti hirmaatu.[14]
  - **Naannoo mijataa:** dargaggoonni naannoo mijataa qabeenya isaanii, kaka’umsa isaanii, dandeettii tajaajilaa fi carraa argachuu isaanii, akkasumas dandeettii balaa ittisuu isaanii guddisu, akkasumas dandeettii hawaasummaa fi miira isaanii akka guddifatan kan jajjabeessun yeroo marfaman.[15]

- **Saala xiqqaa:** akka barreessitoonni Math fi Seshadri jedhanitti, saalii xiqqaan warra «eenyummaan saalaa isaanii, ibsi saalaa isaanii ykn kallattiin saalaa isaanii harka caalu irraa adda ta’eedha.»[16]
- **Jijjiirama Amala Hawaasummaa (SBC):** akkuma Advancing Nutrition ibsutti SBCn “akkaataan namoonni hojii guyyaa guyyaan hojjetan walitti dhufeenya hawaasummaa isaanii fi haala naannoo isaanii wajjin akka walqabatu hubata. SBCn haalawwan hawaasummaa fi naannoo hedduu akkaataa namoonni sochii guyyaa guyyaa isaanii itti hojjetan irratti dhiibbaa geessisan tilmaama keessa galcha.»[17]
- **Hawaasaan hammatamuu:** akkuma qabeenya IDEAL keessatti ibsametti, hawaasaan hammatamuu is “adeemsa dandeettii, qaqqabummaa, kabajaa fi sababa eenyummaa hawaasaa isaaniitiin miidhaman carraa hawaasa keessatti hirmaachuuf qaban fooyyessuudha.”[18]
- **Dubartoota humneessuu:** akkuma Kabeer ibsutti, “dubartoota humneessuun adeemsa namoota dandeettii filannoo jireenyaa tarsiimoo gochuu dhorkaman dandeettii akkasii itti argatan kan ilaallatuudha.”[19]
- **Sagantaa dargaggootaan durfamu:** akkuma USAIDn ibsutti, hojii dargaggoonni hojiirra oolchitoota ijoo itti ta’aniidha.[20]
- **Youth-focused:** akkuma USAIDn ibsutti, hojii dargaggoonni hirmaattota sagantaa ijoo itti ta’an.[21]
- **Sagantaa dargaggoota waliin walqabatu:** akkuma USAIDn ibsutti, sochii dargaggoota akka hirmaattoota ykn fayyadamtoota irratti xiyyeeffate keessatti hammate ykn kutaa dargaggootaaf adda ta’e qabu.[22]



:Bakka suuraan irraa fudhatam
Veejay Villafranca / Save the Children

10 *USAID Youth in Development Policy Update 2022*: https://www.usaid.gov/policy/youth irraa argachuu dandeessu
11 *USAID Youth in Development Policy Update 2022* irraa kan fudhatame: https://www.usaid.gov/policy/youth irraa argachuu dandeessu
12 *USAID Youth in Development Policy Update 2022* https://www.usaid.gov/policy/youth irraa argachuu dandeessu
13 *USAID Youth in Development Policy Update 2022* irraa kan fudhatame: https://www.usaid.gov/policy/youth irraa argachuu dandeessu
14 *USAID Youth in Development Policy Update 2022* irraa kan fudhatame: https://www.usaid.gov/policy/youth irraa argachuu dandeessu
15 *USAID Youth in Development Policy Update 2022* irraa kan fudhatame: https://www.usaid.gov/policy/youth irraa argachuu dandeessu
16 *The invisibles ones: Sexual minorities*: https://www.ncbi.nlm.nih.gov/pmc/articles/PMC3657897/ irraa argachuu dandeessu
17 *What is Social and Behavior Change (SBC)?* Advancing Nutrition irraa: https://www.advancingnutrition.org/resources/what-social-and-behavior-change-sbc irraa argachuu dandeessu
18 *Gender and Inclusion Responsive Emergency Food Security Training* IDEAL irraa: https://www.fsnnetwork.org/resource/gender-and-inclusion-responsive-emergency-food-security-training irraa argachuu dandeessu
19 *Resources, Agency, Achievements: Reflections on the Measurement of Women›s Empowerment:* https://onlinelibrary.wiley.com/doi/abs/10.1111/1467-7660.00125 irraa argachuu dandeessu
20 *USAID Youth in Development Policy Update 2022*: https://www.usaid.gov/policy/youth irraa argachuu dandeessu
21 *USAID Youth in Development Policy Update 2022:* https://www.usaid.gov/policy/youth irraa argachuu dandeessu
22 *USAID Youth in Development Policy Update 2022:* https://www.usaid.gov/policy/youth irraa argachuu dandeessu



Bakka suuraan irraa fudhatam: Mustafa Saeed / Save the Children

# MADDOOTA ODEEFFANNOO DABALATAA


## Jijjiirama Amala Hawaasaa

- *Prioritizing Multi-Sectoral Nutrition Behaviors*, Advancing Nutrition (afaan Ingiliffaatiin argama)
- *Using Research to Design a Social and Behavior Change Strategy for Multi-Sectoral Nutrition*, Advancing Nutrition (afaan Ingiliffaa fi Faransaayiin argama)
- *Make Me a Change Agent: An SBC Resource for WASH, Agriculture, and Livelihoods Activities,* TOPS/PRO-WASH/SCALE (afaan Ingiliffaa fi Faransaayiin argama)
- Align Platform on *Advancing Learning and Innovation on Gender Norms* (qabeenya adda addaa afaan Ingiliffaa, Faransaayii fi/ykn Ispaanishiin argama)
- *Social Norms Design Checklist*, CARE International (afaan Ingiliffaatiin argama)
- *Social and Behavior Change Do's and Don'ts*, Advancing Nutrition (afaan Ingiliffaa fi Faransaayiin argama)
- *Stakeholders Consultation on Adolescent Girls' Nutrition: Evidence, Guidance, and Gaps*, Strengthening Partnerships, Results, and Innovations in Nutrition Globally (SPRING) (afaan Ingiliffaatiin argama)

## Dhiibbaa Safaruu

- *Qualitative Monitoring and Evaluation Peer Community*, IDEAL (afaan Ingiliffaatiin argama)
- *BHA Guidance for Monitoring, Evaluation, and Reporting for Resilience Food Security Activities* (afaan Ingiliffaatiin argama)
- *BHA Emergency Monitoring and Evaluation Guidance* (afaan Ingiliffaatiin argama)

- **Jijjiirama Amala Hawaasummaa (SBC)**
  - *[Resources for measuring social norms: a practical guide for programme implementers](#)*, Social Norms Learning Collaborative (afaan Ingiliffaa fi Faransaayiin argama)
  - *[Social norm data use tool; Monitoring Social and Behavior Change for Multi-Sectoral Nutrition](#)*, CARE International (afaan Ingiliffaatiin argama)
- **Koorniyaa**
  - *[MEL Tools – Tipping Point Initiative](#)*, CARE International (afaan Ingiliffaatiin argama)
  - *[Gender Equality Toolbox](#)*, Bill and Melinda Gates Foundation (afaan Ingiliffaatiin argama)
- **Dargaggoota**
  - *[Formative Research Guidance for Adolescent Nutrition](#)*, Advancing Nutrition (afaan Ingiliffaatiin argama)
  - *[From the PYD Framework to Measuring Core PYD Constructs](#)*, YouthPower Learning (afaan Ingiliffaatiin argama)
  - *[Positive Youth Development Measurement Toolkit](#)*, YouthPower Learning (afaan Ingiliffaa, Faransaayii, Ispaanishii fi Arabaatiin argama)


Bakka suuraan irraa fudhatam: Secilia Bosco / Save the Children Tanzania

## Daataa Addaan Baasuu

- *[ADS 201 Additional Help Disaggregating Monitoring Indicators](#)*, USAID Bureau for Policy, Planning and Learning (PPL) (afaan Ingiliffaatiin argama)
- *[Sex- and Age-Disaggregated Data](#)*, MEASURE Evaluation (afaan Ingiliffaatiin argama)
- *[Sex disaggregated data collection guide](#)*, [Mercy Corps AgriFin's Gender Transformative Toolkit](#) (afaan Ingiliffaatiin argama)
- *[Standards for Collecting Sex-Disaggregated Data for Gender Analysis](#)*, CGIAR (afaan Ingiliffaatiin argama)
- *[Gender-Disaggregated Data for Agriculture and Rural Development](#)*, FAO/Socio-Economic and Gender Analysis Programme (SEAGA) (afaan Ingiliffaatiin argama)
- *[Sex & Age Matter: Improving Humanitarian Response in Emergencies](#)*, Feinstein International Center, Tufts University (afaan Ingiliffaatiin argama)

## Daataa Irratti Yaada Dabalataa Maddisiisuudhaan Bulchiinsa Madaqsuu Gaggeessuu

- *[Pivot Log Template](#)*, USAID Learning Lab (afaan Ingiliffaatiin argama)
- *[Knowing When to Adapt – A Decision Tree](#)*, USAID Learning Lab (afaan Ingiliffaatiin argama)
- *[Pause and Reflect](#)*, USAID Learning Lab (afaan Ingiliffaatiin argama)
- *[CATALYSE: Communities Acting Together](#)*, Mercy Corps (afaan Ingiliffaatiin argama)
- *[Utilizing and learning from evaluations](#)*, USAID Learning Lab (afaan Ingiliffaatiin argama)
- *[CLA in Safe Spaces to promote learning in food security programming in Madagascar](#)*, USAID Learning Lab (afaan Ingiliffaatiin argama)

Gabaasni gabaabaan kun deeggarsa arjoominaa uummatni Ameerikaa karaa Ejensii Misooma Idil-addunyaa Yunaayitid Isteetis (USAID) godheen kan danda'ameedha. Qabiyyeen ibsa kanaa itti gaafatamummaa Sochii Koorniyaa fi Dargaggoota (GAYA) yoo ta'u, ilaalcha USAID ykn Mootummaa Ameerikaa kan calaqqisiisu miti.